# Dhukkubbii Ciniinsuu Hirdhisuudhaaf Eppijuuraalii (Epidural)

the women's
the royal women's hospital

## Epidural jechuun maali?

Epidural gosa waldhaansa dhukkubbii hir'isuu yoo ta'u, dhukkubbiin ciniinsuun akka hirdhatu godha.

Doktarri tuubbo pilaastikii xiqqaa, kan "epidural catheter" jedhamu, naannoo lafee dugda keessaniitti dhihoo jiru (bakka epidural space jedhamu) keessa galcha. Qorichoonni dhukkubbii hir'isan karaa kateetiraa (tuubbo pilaastikii xiqqaa) kan kennaman narvii dhukkubbii lafee dugdaa kee keessa jiran cufuuf kennama. Kuni hanga daa'imni kee dhalatutti dhukkubbii hir'isuu danda'a.

Yeroo ciniinsuu fi da'umsaa dhukkubbii salphisuuf epidural karaa hunda caalaa bu'aa qabuudha.

## Faayidaan epidural maali?

Yoo daa'imni keessan qabdootti fayyadamuun ykn hatattamaan baqaqsanii dessisuun barbaachise, Eppijuuraaliin dafanii hojimaata akka eegaluuf gargaaruu danda'a.

Eppijuuraaliin duraan bakka isaa qabatee yoo jiraate, yeroo garaa baqaqsuun barbaachisetti qoricha sammuu namaa hadoochu kan waliigalaa si hin barbaachisu jechuudha, kanaaf yeroo dahumsa daa'imaa keetii of beekta jechuudha (ni dammaqxa)

Qorannoon akka agarsiisutti, Eppijuuraalli kallattiin daa'ima keessan irratti dhiibbaa akka hin geessisne ykn carraa baqaqsanii deessissuu hatattamaa (emergency caesarean) akka hin daballe argisiisa.

## Tuubboon Epidurali akkamitti kaayama?

Ogeessi qoricha dhukkubbii hadoochu (anaesthetist) epidural kee ni galcha. Kunis gara daqiiqaa 20 fudhata.

- Dhangala'aa siif kennuudhaaf harka kee keessa marfeen (drip) ni kaa'ama.
- Hojimaata kanaaf (yeroo kuni godhamu) cinaacha keetiin ni ciifta ykn ol kaatee teetta.
- Dugda keessan furmaata farra jarmii qabbanaawaa taheen ni qulqullaa'a.
- Gogaa dugda keessaniirratti dhukkubbiin akka isinitti hin beeksifneef qorichi dhukkubbii naannoo san hadoochu lilmoodhaan ni kennama.
- Yeroo epidural itti galfamu dugda kee irratti dhiibbaan sitti dhaga'amuu danda'a. Tasgabbaa'aanii taa'uun adeemsi kun akka gaariitti akka deemu fi carraa miidhaa hir'isuuf gargaara.
- Yeroo tuubboon/ujummoon epidural itti galfamu dugda kee keessatti ykn miila kee gaditti miira 'waraansaa' sitti dhaga'amuu danda'a. Kun balaa hin qabu.
- Erga lilmoon baafamee booda, kateetirri epidural gogaa (qaama) keessan irratti haala gaariin maastishiin maxxanfama.
- Qorichi dhukkubbii namarratti hadoochu kun tuubboo keessa kan yaa'u yoo ta'u, hojjechuuf gara daqiiqaa 10 hanga 20 kan fudhatu ta'a.

## Epidural akkamitti si miidha?

Epidural miilli kee akka ulfaatu gochuu waan danda'uuf siree irra turuu si barbaachisa.

Akkasumas kuusaan fincaanii kee yeroo guutamu akka ati guutamuu isaa hin beekne si godhuun mala, kanaaf ujummoon fincaanii (urinary catheter) si barbaachisa.

Hollachiisa, si hooqsisa ykn ho'inni sitti dhaga'amuu danda'a.

Epidural yeroo tokko tokko ciniinsuu kee dheeressuu ykn barbaachisummaa qabdoo yeroo dahumsaa (kan daa'ima ittiin qabanii baasan) caalaatti akka barbaachisu gochuun ni mala.

Dha'annaa onnee daa'ima keetii irrattis jijjiirama fiduu danda'a. Jijjiirama jiru kamiyyuu hubachuuf siifi daa'ima kee itti dhiyeenyaan hordofna.

## Miidhaan maal fa'a?

Epiduralli nageenya qaba, garuu itti fayyadama isaa irraa kan ka'e miidhaan cinaan dhufuun ni mala.

Miidhaan cinaa dhufan keessaa beekamaan dhiibbaan dhiigaa gadi bu'uu fi naannoon hadooduu qabu akka tokkotti hadooduu dhabuu (epidural uneven block), garuu ni sirreeffama

Rakkoowwan baay'ee hin mul'anne dhukkubbii mataa cimaa.

Rakkoowwan baay'ee hin mul'anne yeroodhaaf narviin miidhamuu, infekshinii, hadoodini qaama kan epiduraalii haga qaama gubbaatti ol-ka'uu fi dhiigni epidural itituu. Miidhaan cimaan ykn laamsha'uun garmalee xiqqaadha.

## Odeeffannoo dabalataaf

Gaaffii yoo qabaattan, ykn odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, ogeessa dahumsaa ykn deessiftuu keessan waliin haasa'aa. Ogeessa qoricha dhukkubbii hadoochu waliin akka dubbattu haala mijeessuu danda'u.

**Acute Pain Service (Tajaajila Dhukkubbii Cimaa),**

**The Royal Women's Hospital**

Wiixata (Isniina) hanga Jimaataatti ganama sa'aatii 8 hanga galgala sa'aatii 4tti
T: (03) 8345 2389

## Turjumaana si barbaachisa?

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

**1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)**

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.
Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.
1800 737 732
1800respect.org.au

**Hubachiisa:** Galmeen kun odeeffannoo waliigalaa qofa dhiyeessa. Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa keessanii ykn daa'ima keessanii gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women's itti dhimma bahuu barruu kana irratti osoo ogeessa fayyaa hin argin miidhaa yookiin kasaaraa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Ati yookiin daa'imni kee gargaarsa hatattamaa yoo barbaaddan, gara kutaa balaa (emergency) naannoo kee jiru quunnamaa

© The Royal Women's Hospital 2025